

Akka itti ulfa baasan (Abortion procedure) – qoricha (medication)

Qorichaan ulfa baasuun kan ati tahe jedhtee ulfa ittiin of irraa baastuu dha

Tarkaanfiin jalqabaa maree qorichaaf doktora waliin baallama qabachuu dha. Nersiinis tarii keessatti hirmaatti. Yeroo maree kanaa ogeessotni fayyaa kan isaan godhan:

- Tariibni wal'aansa fayyaa kun siif mijjata yoo tahe ni mirkaneessu
- Akkaataa qorichaa fudhachuudhaan ulfa baasan ibsu
- Manatti tumsa akkamii akka siif qindeessamuu qabu mariyatama
- Ulfa baasuuf yoo murteessatte qoricha si barbaachisu waliin haalli isaa ni qindeessama.
- Tole jechuu keef unka itti mallatteessitu siif kennama.

Beellama kana yokan kan biraa irratti altirasawund (ultrasound) fi qorannaa dhiigaa (blood test) qabaachuu malta.

Qorichaan ulfa baasuu yoo itti fufte, tartiibni isaa akka itti aanu kana taha:

- Qoricha jalqabaa (mifepristone) jedhamu mana eegumsa fayyaa (cilinic) yokan mana keetti fudhatta. Mifepristone (duraan RU486) jedhamee beekamu, dhagalawaa qaama keessaa (progesterone) jedhamu kan ulfi akka guddatu gargaaru irraa cufee akkan ulfi bahu taasisa.
- Qoricha isa lammaffaa (misoprostol) jedhamu sa'aa 24 hanga 48 booda (yeroo hedduu manatti kennamu) fudhatta. Misoprostol kan jedhame kun qaama hormaataa laaffisuu fi gadameessa jabeessuudhaan akka ulfi bahu taasisa.
- Qorichi inni lammaffa (misoprostol) jedhamu kun fudhatamee sa'aa afur hanga jahaa booda ulfi bahee dhuma.
- Yeroo hedduu boqonnaa guyyaa tokkoo yokna lamaa yokan sochii taasistu hir'isuu si barbaachisa.

Qorichaan yeroo ulfi bahaa jirutti

Qoricha misoprostol jedhamu erga fudhatteen booda mallattoo itti aanu kana of irratti arguu dandseessa:

- Lociisa (nausea), haqqisa (balaqqama), garaa yaasaa, joojessa (dizziness), mataa-cabsaa (mata-dhukkubbii) fi qaama-gubaa (ho'isa) yokan labooba (kun dubartoota gidduutti adda adda)
- Walakkaa sa'aa keessatti dhukkubbii mudhii (garaa) kun yeroo hedduu dhukkubbii kan yeroo daraaraan baatii yokan ji'aa namatti dhufu kan caalu fi sa'aa tokkoo hanga afurii kan dhiigu (daraaraa baatii caalaa kan hammaatu) dha. Yeroon inni itti eegalus beekamaa miti.
- Sa'aa lamaa hanga jahaa keessatti dhiigni bahu gara sadarkaa daraaraa baatiitti gadi hir'isa; kunis tilmaamaan guyyoota kudhanii hanga kudha jahaa kan fudhatu taha.
- Dhiigni hin eegamin tarii kan dabree dabree mul'achuu malu qoricha ulfa baasu kun fudhatamee walumaa gala hanga turban afuriitti turuu mala.

Qorichaan erga ulfi bahee booda

Qorichaan ulfa erga of irraa baasteen booda turban lama hanga sadii keessatti baallama mana qorichaa qabadhuu dhiiga kee of ilaalchisi. Kunis wal'aansa guutummaatti argachuu kee fi ulfi sirriitti si irraa bahuu mirkaneeffachuuf si gargaara.

Yeroo ulfa of irraa baastu dhukkuba kan biro of irraa hir'isuuf wanneen ati godchuu hin qabne yokan irraa of eegdu:

- Qaama saalaa (hormaataa) kee keessa, jibrii daraaraa baatii xuuxu (tampons) dabalee of keessa hin kaa'ini.
- Qunnamtii saalaa kara qaama hormaataa hin raawwatin
- Hanga dhiiguun dhaabatutti, dalagaa jajjabduu, sportii, dalagaa ulfaataa sochii qaamaa barbaadu dabalee hin hojjatini
- Daakaa bishaanii yokan bishaan kuusama keessa ciisuu (bath) hin dandeessu garuu yandisaan (shower) qaama dhiqqachuu ni dandeessa.

Miidhaawwan fi hubamawwan qorichaan ulfa baasuu

Qorichaan erga ulfi baheen booda miidhaa mudachuun malu:

- Mallattoo waraansaa (cramping) fincaan gubuu irraa
- Dhiiguu hin eegamne (unpredictable), kan yeroon isaa hin beekamne (irregular) yokan yeroo dheeraaf dhiiguu
- Joonjessa (nausea)
- Haqqisuu yokan balaqqamuu.

Qorichaan ulfa of irraa baasuun balaa hammaataan qabu beekamaa miti garuu waan kanaa gadii dabala:

Miidhaawwan fayyaa (Complications)	Mallattoolee (Symptoms)	Wal'aansa (Treatment)
Dhiigni heddumminaan bahuu (Haemorrhage) Dubartoota 1,000 keessaa tokko irra ka xiqqaatan mudata	<ul style="list-style-type: none"> • Sa'aa lamaaf walitti aansee sa'aa tokko keessatti dhiiga itti mara (pads) gudguddaa lama guuta • Dhiiga kantare (itite) guddinni isaa hanga ija xuuxxoo (loomii) xiqqoo gahu ni baha • Dadhabbii yokan gaggabuun itti dhagahamuu 	<ul style="list-style-type: none"> • Jarjartiin wal'aansa gaafadhu • 000 dhawii ambulansii yaammadhu yokan gara mana yaalaa sitti dhihoo jiru kan man-sarda (emergency) qabu deemi (ofii keetiin konkolaataa hin oofin; nama kan biro si geessu qabaadhu) • Tarii dhiiga siif kennuu barbaachisa
dhukkuba/madaa (Infection) Dubartoota 100 keessaa tokko mudata	Tahuu mala (Possible): <ul style="list-style-type: none"> • dhukkubbii • dhangalawa kara qaama saalaa hin baramin (abnormal) • qaama gubaa (labooba) fever • dadhabbii • garaa yaasaa • haqqisa (balaqqama) 	<ul style="list-style-type: none"> • Daddaffiin wal'aansa fayyaa barbaadi • Qoricha dhukkubbii si irraa dhorku (antibiotics) argachuuf gara mana fayyaa, GP yokan gara man-sarda (emergency) deemi
Ulfi keessatti hafuu (Retained products of conception) Dubartoota 100 keessaa 2 hanga 5 kan tahan mudata	<ul style="list-style-type: none"> • Ulfi tokko tokko dhiigni gadameessa keessatti waan hafuuf itti fufee dhiigni mul'achuu danda'a 	<ul style="list-style-type: none"> • Qoricha dabalaa fudhachuu yokan baqasanii baasuu barbaaduu mala
Wal'aansi (procedure) dalaguu dida Dubartoota 100 keessaa 2 mudata	<ul style="list-style-type: none"> • Mallattoon ulfawuu kan akka locisiisaa (nausea) fi haqqisaa (vomiting) itti fufee mul'ata 	<ul style="list-style-type: none"> • Qoricha ulfa baasu dabala kennama yokan baqaqsanii ulfa baasuu barbaachisa*

*Qoricha erga fudhatteen booda ulfi bahuu yoo dide, ulficha akka qabattee hin turre gorsamta, kunis tarii qorichi fudhatte sun ulfa sana miidhee hir'ina uumamaa (malformation) irraan gahuu waan maluuf.

Gargaarsa wal'ansa fayyaa barbaadi yoo:

- Qoricha isa lammataa (misoprostol) jedhamu fudhattee sa'aa 24 keessatti dhiiguu yoo dide
- Dhiigni hedduminaan yoo bahuu itti fufe
- Turban tokko booda mallattoon ulfa tahuu yoo itti fufee sitti dhagahame

Qunnamuudhaan kan ati waan kana raawwachuu dandeessu:

- Mana fayyaa ulfa si keessaa baasuuf qorichi itti siif kenname
- GP
- Damee man-sardaa (emergency) mana yaalaa sitti dhihoo jiruu

Odeeffannoo Dabalataa

Waraqaan odeessii (dhugeessa) (fact sheet) kun waraqaalee odeessii sadan waa'ee ulfa of irraa baasuu (abortion) kan Qajeelcha Afaan Hiika Fayyaa (Health Translations Directory) keessaa is tokko. Akkasumas maaloo laali:

- Ulfa baasuu (Abortion)
- Tariiba ulfa baasuu (Abortion procedure) – baqaqsuu (surgical)

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.

© Taligaa Viktoria (State of Victoria), Damee Tajaajila Fayyaa fi Namoomaa, (Department of Health and Human Services), Amajjii 2019.

<<http://healthtranslations.vic.gov.au/>> irratti argama